Gaaffilee Ol'aanaa Waa'ee Talaallii COVID-19 Yeeroo Baayyee Gaafataman

Talaalliiwwan abdii bara jireenyaa giddu galeessa kan dheerate qabaatan argannaa saayinsiwaa isaa qofaatti.
Talaalliin dhibee kana dhaabuuf fi gara jireenya baratamaa keenyatti deebi'uuf karaa isa qofaati.
Talaalli fudhachuudhaan ofiikeessan, namoota jaallatamoo keessan, akkasumas hawaasa keessan eegaa.

Talaalli maaliifan fudhachuu qaba?

Dhukkubbiin COVID-19 umurii kamiyyuu kan ta'an namoota dhukkubsataa akkasumas fayyaa irratti du'a fiduu danda'a.

Namni tokko COVID-19 tiin yoo hin duune illee, akka yaadata dhabuu, dadhabbii, rakkinoota hargansaa ibsuuf kan hin dandaamne, midhaa onnee fi somba kan ofkeessatti qabaatee walxaxxaa yeroo dheeraa tarii qabaachu danda'a. Dhukkubsatoota COVID-19 kan gara hojjitti ykn jireenya baratamootti deebi'uu kan hin dandeenye gargaaruuf kiliniikoonni dursa qindaa'amaniiru.

Talaallichi akkamitti hojjeta?

Talaalliin sirna dandeetti dhukkuba ittisuu kan qaama keenyaaf akkamitti akka vaayirasiicha loluu barsiisa akkasumas dukkubbiidhaan akka hin qabbamne nu eega yoo COVID-19 tiif saaxilamanee. Talaalliichi COVID-19 isi hin qabsisuu.

Ittisa dhibee uummataa maal inni akkasumas maalif barbachise?

Yoo uummatni ittisa dhibee gahaa qabaatan, vaayirasiichi baba'lachuuf tarii carraa xiqqaa qabaata. Ittisa dhibee uummataa irratti gahuuf akkasumas gara jireenya keenya guyyaa guyyaatti deebi'uuf, daldaloota debii'ani banuuf, namoota jaallatamoo hammachuuf fi ilaaluuf uummata dhibbeentaa 70 hanga 80 tiif talaallii kennuu qabna.

Ani kannan dura COVID-19 na qabatee ture. Ammallee talaallii fudhachuuf nan dirqamaa?

Yoo isin yeroo darbee keessatti COVID-19 qabaatan illee, ittisa dhibeen yeroo hammamiif akka turu hin beekamu. Ammallee COVID-19 isin qabachuu danda'aa. Ofii keessanii fi kan biroo eeguuf talaallicha ammallee fudhachuu qabdu.

Talaallii fudhachuu boodatti ammalle haguuggee qabaachuu fi fageenya eeguun qabaa?

Eeyyee. Hanga uummatni harka caalaan talaallii fudhatanitti madaalliwwan fayyaa hawaasa shaakaluun ammallee barbaachisaa dha.

Erga talaalicha fudhadhe dandeetti dhukkuba ittisuu qabaachuuf yeroo hammam fudhata?

Erga talaalliin hanga qorichaa isa lammaffaa fudhatameen booda qaamichaaf ittisa dhibee ijaaruuf torban 2 fudhata. Namni tokko battaluma talaallii dura ykn boodatti vaayrasiichaan qabamuu dandaa'aa, sababinsaa talaalichii eegumsa keennuuf yeroo gahaa waan hin arganeefi.

Talaaliichii ariifateeraa?

Tarkaanfiwwan homaa irra hin utaalamne, akkasumas qajeelfamoota nagaa hundumtuu hordofamaniiru. Talaalliwwan ariitiin qophaa'an sababnisaas fooyya'insa teknolojii fi mirkaneessaa kan kutaawwan wal'aansaa malee (adeemsoota biirokraatik fi gochaa chappaa) waan saffisaan faanamaa tureefi dha.

Bu'aawwan biro ni jiruu?

Talaallii COVID-19 irraa bu'aawwan kan biroo jirraachuu ni danda'u, garuu salphaa ta'utti aadeemanii, guyyoota xiqqoo keessatti badu. Harka caalaa kan baraman bu'aawwan biroo abdaraa maashaalee, bowwoo, fi gubaa/qorra dha.

Talaallii fudhachuu booda dandeetii sochii adanyoo kamiyyuuf isin ni to'atamtu.

Talaalliichi nagaa qabaa?

Talaalliin nagaa qaba. Talaalli fudhachuun baayyee nagaa qaba, dhukkuba kanaan qabamuu fi yeroo dheeraaf bu'aawwan birootiin dararamuu irraa. Lammiiwwan Kaanaadaa miiliiyoonaan lakaa'aman ammaandura talaallii fudhatanii turan, talaalliiwwaniis nagaa ta'aanii argamaniirru. Talaallichi DNA keessan jijjiiruu hin danda'u.

Yoo seenaa sochiiwwan adanyoo rakkisaa, sirna dandeetti dhukkuba ittisuu kan dadhabaa ta'e qabaattan, ykn ulfa taatan, talaallii fudhachuu keessan duratti ogeessa fayyaa keessan wajjin mirkaneessaa.

19 TO ZERO

Waa'ee carraawwan 19toZero deggaruuf odeeffannoo dabalata argachuu dhaaf, maaloo qunnamaa: info@19tozero.ca
Waa'ee talaalliichaa odeeffannoo dhiheenyaa argachuu dhaaf, daawwadhaa: canada.ca/covidvaccine